

JAJJABINA BARSII SA BARMOOTAA (TUTOR LEARNING INITIATIVE): ODEEFFANNOO WARRA, KUNUNSOTAA FI MAATIIF

Odeeffannoon kun warra, kununsotaa fi guddistootaaf waa'ee jajjabina Barsiisa Barmootaa (Tutor Learning Initiative) bara 2021 keessa bartootaaf gargaarsa barmoota isaanii irratti taasisamu dha.

Barri 2020 mana barmootaa hundaaf waggaahedduu rakkisaa tahee dha.

Bartootni Victoria hedduun Banama Mana Barmootaa 2fa fi 3fa (Term 2 and 3) kan waggaah kanaa mana taa'anii barachuu fi barsiisuu keessatti tattaaffii walitti fufiinsaa adda tahe manneen barmootaa Victoria fi hawaasni agarsiisanii jiran.

Banama Mana Barmootaa 4fa (Term 4) keessa manneen barmootaa guutummaa Victoria keessaa bartootni gara mana barmootaatti deebi'sanii madaqsuutti dabalee fayyaa qalbii fi naganeeyaa sammuu bartootaa gargaaruu irratti ilaalcha gahaa taasisanii jiran. Barsiisotni haala barmoota bartootaa gilgaaluu, bakka bartootani laafina itti agarsiisan jabeessuu fi bartoota barmoota isaanii irratti gargaarsa dabalaanisaan barbaachisu adda baasatuu, kutaa keessatti hordofanii ilaaluu fi qoratuu ni gaggeessu.

Mana taa'anii baratuun bartootaaf muuxannoo addaa tahuu ni hubanna. Bartootni hangi takka yeroo itti gammadan, bartootni hangi takka tarii akka barbaadamutti barmoota mana taa'anii baratan irraa guutummaatti qooda keessatti hin fudhatne taha. Barmootni gahaatti kennamu kan bara 2021 bartootni keenya sadarkaa barachuu qaban gahaa tahe akka kennuuf eegama. Bartootni takka takka gargaarsa barumsaa jabinaan kennamu kan bara 2021 irraa ni gargaaramu.

Akkuma tarii quba qabdu, deebi kanaaf kan tahu, Mootummaan Victoria, barmoota ilaalchisee bartoota gargaarsi dabalaanisaan barbaachisu bara 2021 barsiisota 4,100 bobbaasuuf kan gargaaru maallaqa miliyoona \$250 Jajjabina Barsiisa Barmootaa (Tutor Learning Initiative) ramadee jira. Jajjabina kana akkamiin hojii irra oolfachuun akka danda'amuu fi akka itti hojii barsiisaa kan biro waliin wal hin danqinetti dalagaa irra oolchuun akka danda'amuu irratti manneen barumsaa ni murteessatu.

Ijoolleen barumsa jabaa argatuuf gargaarsa kan kennan barsiisota dabalaan argamsiisuuf kan taasisamu kun barsiisota mana barumsaa kanneen bartoota barmootaan qaruu, jabeessuu fi nageenya isaaniif wanneen barbaachisan guutuu irratti hoijetan walitti dabalamEE bartootni hundi gargaarsa isaan barbaachisu bara 2021 keessa ni argatu.

Odeeffannoon dabalaan waa'ee Jajjabina Barsiisa Barmootaa (Tutor Learning Initiative), fi mana barmootaa keenyatti bartoota akka dhuunfaatti gargaarsi barmootaa isaan barbaachisu akkaataa itti gargaarsa argatan ilaalchisee bara 2021 keessa osoo barumsi hin eegalin dursamee beeksisama.

Yeroo Banama Mana Barumsaa 4fa (Term 4) amma keessa jirru kana bartootni mana taa'anii barachuu fi gara mana barumsaatti deebi'uu ilaalchisee muuxannoo isaanii hubatuuf yaalama.

Barmoota mucaa keetii ilaalchisee, yeroo mana taa'amme barsisamaa ture yookaan erga gara mana barmootaatti deebi'amme eegalee yaaddoo yoo qabaatte, mana barmootaa keenya qunnam.